Dambii Lakkoofsa 224 /2013

**Dambii Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomisha Jimaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe**

Gaheen oomishni jimaa diinagdee naannichaa guddisuu keessatti qabu ol'aanaa waan ta'eef oomishichi qulqullina akka qabaatuu fi gatii gabaa isaaf malu akka argatu taasisuun naannichi oomisha kanarraa bu'aa argachuu qabu akka argatu taasiisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Oomishitoota oomisha jimaa dhuunfaa, Waldaalee bu'uura, Yuniyeenota, daldaltoota Jimlaa fi al-ergitoota gidduutti dorgommiin haqa qabeessa ta'e akka jiraatu taasiisuun oomishtootaa fi hirmaattotni gabaa jimaa faayidaa argachuu qaban akka argatan taasiisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Sirna to'annoo gabaa fi qulqullina oomisha Jimaa hammayyaa'aa ta'e seeraan diriirsuun rakkoolee qulqullinaa fi seer-alummaa oomishaalee jimaa irratti raawwataman hambisuun Labsii Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe raawwachiisuuf Dambii baasuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii To'annoo Sirnaa Gabaa fi Qulqullinaa Oomishaalee Qonnaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 234/2013 Keewwata 29 (1) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

**Kutaa Tokko**

**Tumaalee Waliigalaa**

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomisha Jimaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 224 /2013**" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

   1) **"Al-ergaa"** jechuun qaama rogummaa qabu irraa oomisha Jimaa ooyiruu oomishtootaa yookiin giddugala gabaa Jimaa irraa bitee qopheessuun biyya alaatti erguuf hayyama hojii daldala al-ergii jimaa nama argate jechuudha.
   2) **"Bittaa fi Gurgurtaa Ooyiruu irratti Gaggeeffamu"** jechuun oomisha jimaa osoo hin cabin ooyiruu qonnaan bulaa irra osoo jiruu bittaa fi gurgurtaan oomishtootaa fi daldaltoota yookiin al-ergitoota gidduutti waliigalteen gaggeeffamu jechuu dha.

3) **“Daldalaa Jimlaa”** jechuun nama oomisha Jimaa ooyiruu oomishtootaa yookiin giddugala gabaa oomisha Jimaa irraa bitee gabaa biyya keessaatiif dhiyeessu jechuudha.
4) **“Daldalaa Qinxaaboo”** jechuun nama oomisha Jimaa daldaltoota jimlaa irraa bitee fayyadamtootatti gurguruu jechuudha.
5) **“Ejensii”** jechuun Ejensii Misooma Gabaa Oromiyaa fi Caasaalee isaa sadarkaan jiran jechuudha.
6) **“Giddugala Gabaa”** jechuun giddugala gabaa sadarkaa jalqabaa yookiin lammafaa iddoo bulchiinsa Aanaatiin yookiin Magaalaatiin bittaa fi gurgurtaa oomishaalee Jimaa akka itti gaggeeffamuuf kennamee fi qaama aangoo qabuun daangeffame yookiin ijaaramee fi gara fuulduraattis daangeffamu yookiin ijaaramu jechuudha.
7) **“Gochaa Dogoggorsaa”** jechuun sirna gabaa oomisha Jimaa keessatti hirmaattota gabaa yookiin qaama mootummaa dogoggorsuuf gocha taasifamu kamiiyuu jechuudha.
8) **“Kaffaltii Battalaa”** jechuun kaffaltii yammuu bittaaf gurgurtaan oomisha Jimaa raawwatamu qarshiin yookiin cheekiin yookiin sirna dabarsa maallaqaa seera qabeessa ta’een battalumatti raawwatamu jechuudha.
9) **“Labsii”** jechuun Labsii Sirna To’annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 234/2013 jechuudha.
10) **“Maatii”** jechuun haadha warraa yookiin abbaa warraa, ijoollee, haadha yookiin abbaa oomishaa yookiin namoota biroo oomishaa waliin jiraatan jechuudha.
11) **“Nama”** jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.
12) **“Oomisha Jimaa”** jechuun biqiltuu haadhoo oomisha Jimaa fi baala isaa jechuudha.
13) **“Oomishtoota”** jechuun qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa, waldaa hojii gamtaa qonna bu’uuraa, Yuuniyeenii Waldaalee Hojii Gamtaa fi dhaabbilee qonnaa Jimaa oomishuun gabaadhaaf dhiyeessuu jechuudha.
14) **“Ragaa Abbaa Qabiyyumaa”** jechuun lafa baadiyyatti fayyadamuuf ragaa qaama aangoo qabuun kenname jechuudha.
15) **“Sanada Seera Qabeessaa”** jechuun hayyama hojii daldalaa, waraqaa dabarsa daandii, nagahee kaffaltii tajaajila adda addaa, nagahee bittaa fi gurgurtaa qaama aangoo qabuun hayyamamee maxxanfame jechuudha.
16) **“Waraqaa Ragaa Gahumsaa”** jechuun sirna bittaa fi gurgurtaa oomisha Jimaa keessatti hirmaachuuf ragaa nama ulaagaa taa’e guuteef kennamu jechuudha.

## 3. Ibsa Koornayaa

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

## 4. Daangaa Raawwatiinsaa

1) Dambiin kun qaamoolee sirna bittaa fi gurgurtaa oomisha Jimaa Naannoo Oromiyaa keessatti hirmaatanii fi raawwachiisan hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Dambiin kun iddoowwan Gabaa Oomisha Jimaa baajata Mootummaa Naanniichatiin akkaataa barbaachisummaa isaatti Naannichaan alatti ijaraman irrattis raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama
## Sirnaa fi Sadarkaa Gabaa Oomisha Jimaa

## 5. Sirna Gabaa Oomisha Jimaa

1) Bittaa fi gurgurtaan oomisha Jimaa raawwatamu kamiiyyuu kaffaltii battalaatiin kan raawwatamu ta'a.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, bittaa fi gurgurtaan oomisha Jimaa oomishtoota gurgurtoota ta'an, daldaaltoota Jimlaa fi al-ergitoota gidduutti raawwatamu bakka kaffaltiin battalaa raawwatamuu hin dandeenyetti, fuula duraaf kaffaluuf waliigaltee seera qabeessa barreeffamaan taasifamuun raawwatamuu ni danda'a.
3) Waliigalteen akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin raawwatamu oomishni Jimaa osoo ooyiruu irraa hin cabne ta'uu qaba.
4) Bittaa fi gurgurtaan bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin yammuu raawwatamu sanadni waliigaltichaa kooppii sadiin qophaa'ee orijinaalli isaa gurguraaf, kooppiin tokko Caasaa Ejensichaa bakka waliigalteen itti raawwatametti argamuuf ni kennama; kooppiin tokko immoo bitataa harkatti kan hafu ta'a.
5) Bittaa fi gurgurtaan ooyiruu Jimaa irratti yammuu raawwatamu qaamni bite guyyaa waliigalteen gurgurtaa raawwatame irraa eegalee yeroo turtii guyyaa 10 hin caalle keessatti ooyiruu oomishaa irraa guutumaan guutuutti kaasuu qaba.
6) Bitataan akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 jalatti tumameetiin oomisha bite ooyiruu irraa hin kaafne, miidhaa oomishaa irra gaheef beenyaa ogeessaan tilmaamame kaffaluu qaba.
7) Gatiin oomisha Jimaa akaakuu Jimaa irratti hundaa'uun bu'uura gabaatiin oomishtootaa fi qaamolee karaa seera qabeessa ta'een sirna gabaa Jimaa keessatti hirmaatan qofa giddutti giddu-seentummaa qaama 3<sup>ffaa</sup> kamiyyuu irraa karaa bilisa ta'een murtaa'uu qaba.

8) Oomishni Jimaa gara Naannoolee biroo fi biyya alaatti ergamuu kan danda'u, oomishtootaan, daldaltoota jimlaa fi al-ergitoota qofaan ta'a.

## 6. Qaamolee Ooyiruu Oomishtootaa Keessa Seenuun Oomisha Jimaa Bituu Danda'an

Qaamoleen ooyiruu oomishtootaa keessa seenuun oomisha Jimaa bituu danda'an kanneen armaan gadii ta'u:

1) Daldalaa jimlaa;
2) Waldaalee bu'uuraa;
3) Yuniyeenotaa; fi
4) Al-ergitoota.

## 7. Sadarkaa Gabaa Oomisha Jimaa

Gabaan Oomisha Jimaa sadarkaa armaan gadii ni qabaata:

1) Giddugala Gabaa Sadarkaa Jalqabaa;
2) Giddugala Gabaa Sadarkaa Lammaffaa.

## 8. Giddugala Gabaa Sadarkaa Jalqabaa

1) Giddugalli Gabaa Sadarkaa Jalqabaa hirmaannaa ummataatiin kan ijaaramu ta'a.
2) Bittaa fi gurgurtaan oomisha Jimaa giddugala gabaa sadarkaa jalqabaa keessatti raawwatamu oomishtoota gurgurtoota ta'anii fi bitattoota Waldaalee bu'uuraa, daldaltoota jimlaa, daldalaa qinxaaboo fi fayyadamtoota giddutti ta'a.

## 9. Giddugala Gabaa Sadarkaa Lammaffaa

1) Giddugalli Gabaa Sadarkaa Lammaffaa baajata mootummaa yookiin deeggarsa qaamolee miti mootummaatiin kan ijaaramu ta'a.
2) Bittaa fi gurgurtaan oomisha Jimaa giddugala gabaa sadarkaa lammaffaa keessatti raawwatamu oomishtoota yookiin waldaalee bu'uuraa gurgurtoota ta'anii fi bitattoota kan ta'an yuuniyeenota waldaalee hojii gamtaa, Federeeshinii waldaalee hojii gamtaa, al-ergitootaa fi daldaltoota jimlaa gidduutti ta'a.

## 10. Iddoo Giddugala Gabaa Oomisha Jimaa

1) Bulchiinsi Aanaa yookiin Magaalaa lafa giddugalli oomisha Jimaa itti ijaaramu kan beenyaan itti kaffalamee ofii isaatii bulchu yookiin beenyaa kaffaluun qopheessee Ejensichaaf kennuu qaba.
2) Giddugalli Gabaa oomisha Jimaa wayita daangeffamu giddugalichi oomishtootaa fi dhiyeessitootaaf walitti dhiyeenya kan qabu, bonaa fi ganna konkolaataa galchuu fi baasuuf kan dandeessisuu fi iddoon isaa dhaabbilee barnootaa, dhaabbilee fayyaa fi bakka oolmaa dargaggootaa irraa yoo xiqqaate meetira 500 fagaachuu qaba.

3) Manni daldala qinxaaboon Jimaa itti daldaalamu dhaabbilee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti ibsaman irraa yoo xiqqaate meetira 500 fagaachuu qaba. Hayyamni hojii daldala Jimaa yammuu kennamuu fi haaromsiifamus dhimma kana ilaalcha keessa galchuun raawwatamuu qaba.
4) Bal'inni lafa giddugala gabaa Jimaa haala oomisha Jimaa naannawa sanaatiin kan murtaa'u ta'ee:
   (a) Giddugala gabaa sadarkaa jalqabaatiif lafa kaaree meetira 1,000 fi sanaa ol ta'uu qaba.
   (b) Giddugala gabaa sadarkaa lammaffaaf kaaree meetira 5,000 fi sanaa ol ta'uu qaba.
5) Giddugalli gabaa sadarkaa lammaffaa sadarkaa isaa eegee ogeessaan kan murtaa'u ta'ee, bishaan, bilbila, safartuu fi madaallii lafaa qabaachuu qaba.
6) Dallaan giddugala gabaa sadarkaa jalqabaa meeshaalee naannichatti argamuun yookiin meeshaa hammayyaa'aan ijaaramuu ni danda'a.
7) Dallaan giddugala gabaa sadarkaa lammaffaa meeshaalee hammayyaa'aatiin ijaaramuu qaba.
8) Giddugalli gabaa sadarkaa jalqabaas ta'ee lammaffaan haala qabatamaa dhiyeessii oomishaa irratti hundaa'uun Aanaa yookiin Magaalaa tokko keessatti tokkoo fi sanaa ol hundeessuun ni danda'ama.
9) Giddugalli gabaa oomisha Jimaa kamiiyyuu qulqullina kan qabu, balfa goggogaa bakka itti gubamu, balfa dangala'oo bakka itti dhabasiifamuu fi mana fincaanii waliinii kan qabu ta'u qaba.
10) Giddugalicha keessatti sheedonni tajaajila hojii daldala Jimaatiif oolan kan ijaaraman ta'a.
11) Sheedonni akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 10 tiin ijaaraman oomishtootni, waldaaleen hojii gamtaa fi daldaltoonni kireeffachuu ni danda'u.

**11. Bulchiinsa Giddugala Gabaa Oomisha Jimaa**

1) Ejensichi giddugala gabaa oomisha Jimaa ol'aantummaan ni hooggana.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Ejensichi Bulchiinsa giddugala gabaa Jimaa qaama Mootummaa birootiif dabarsee kennu ni danda'a.

**12. Sirna To'annoo Gabaa Oomisha Jimaa**

Sirni to'annoo gabaa oomisha Jimaa haala armaan gadiitiin raawwatamuu qaba:

1) Oomishni Jimaa ooyiruu irraa cabee giddugala gabaa yeroo seenuu fi bahu madaallii ulfaatinaa ammaayyaa'aa ta'een madaalamuu qaba;

2) Ulfaatinni yookiin baay'inni oomisha Jimaa geejjibamaa jiru sanada bittaa fi gurgurtaan ittiin raawwatame waliin tokko ta'uu isaa mirkanaa'uu qaba;
3) Oomishtoonni ooyiruu irraa cabsanii gara giddugala gabaa oomisha Jimaatti dhiyeessan ragaa abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa yookiin lafa kireeffachuun kan oomishu yoo ta'e waliigaltee kiraa lafaa qabaachuu qaba;
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, maatii abbaa qabiyyee miseensa maatii ta'uun kan maatiif ergaman yoo ta'e, ragaa abbaa qabiyyee maatii ergamaniif qabaachuu fi maatii isaa ta'uu kan ibsu xalayaa deeggarsaa Gandaa qabaachuu qabu;
5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 fi 3 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, bakka kenniinsi ragaa abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa akka Aanaatti ganda sana keessatti kennamee wal hin geenyetti, oomishaan xalayaa deeggarsaa gandaa qabaachuu qaba.
6) Oomishtootaa fi fayyadamtootaan ala hayyama hojii daldalaa ragga'e namni hin qabne sirna bittaa fi gurgurtaa oomisha Jimaa keessatti akka hin hirmaanne to'atamuu qaba.

## 13. Oomisha Jimaa Geejjibsiisuu

Oomishni Jimaa haala armaan gadiitiin geejjibamuu qaba:

1) Daldaltoonni Jimlaa yookiin al-ergtoonni oomisha Jimaa yammuu geejjibsiisan waraqaa darbiinsa daandii, sanada bittaa fi gurgurtaa, nagahee kaffaltii tajaajila adda addaa fi hayyama hojii daldalaa harkatti qabachuu;
2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin waraqaan darbiinsa daandii yammuu kennamu gatiin tajaajilaa kan kaffalamu ta'ee:
   (a) Daldalaan hayyama hojii daldala ragga'e, nagahee kaffaltii tajaajila adda addaa kan itti kaffalamee fi sanada bittaa fi gurgurtaa maqaa isaatiin yookiin dhaabbata isaatiin maxxanfamee fi ittiin bitee yoo dhiyeeffatu ogeessi gaggeessii oomishaa Jimaa, waraqaa dabarsa daandii maqaa Ejensichaatiin maxxanfame ni kenna.
   (b) Haala kaffaltii tajaajilaa daldalaan kaffaluu qabuu fi hanga kaffaltii waraqaa darbiinsa daandii haala gabaa maxxansaa yeroo waliin ilaalamee Ejensichaan kan murtaa'u ta'a. Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
   (c) Galiin kaffaltii kana irraa argamu herrega baankii dhimma kanaaf maqaa Ejensichaatiin giddugaleessatti banamuutiin galii ni ta'a.
3) Konkolaataan oomishichi ittiin geejjibamu qulqulluu fi wantoota oomishicha irratti dhiibbaa geessisuu danda'an fe'ee kan hin geejjibne ta'uu qaba.

4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, Qonnaan Bulaan yookiin Horsiisee Bulaan oomisha isaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Ganda oomishni geejjibsifamuuf yaadame keessatti argamu irraa xalayaa deeggarsaa dhiyeeffachuun kan geejjibsiifatu ta'a. Hangi oomishaa xalayaan deeggarsaa barbaachisuuf Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

## 14. Haala Xalayaan Deeggarsaa Ittiin Kennamu

Xalayaan deeggarsaa qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaaf kennamu adeemsa armaan gadii hordofee kennamuu qaba:

1) Iyyanni Waajjira Qonnaa fi Qabeenyaa Uumamaa Gandaatti ni dhiyaata;
2) Waajjirri Qonnaa fi Qabeenyaa Uumamaa Gandichaas iyyataan qotee bulaa yookiin horsiisee bulaa ta'uu qulqulleeffachuu qaba;
3) Waajjirri Qonnaa fi Qabeenyaa Uumamaa Gandichaa Qotee Bulaa yookiin Horsiisee bulaa ta'uu yammuu qulqulleeffatu waraqaa ragaa abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa yookiin waliigalteen lafa nama biraa irratti kan oomishe yoo ta'e, waliigaltee gandatti galmaa'ee oomishni kun laficha irraa oomishamuu isaa agarsiisu qulqulleeffachuu qaba.
4) Oomishni Qotee Bulaan yookiin Horsisee bulaan geejjibuuf iyyatees qabiyyee lafa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin qulqullaa'e waliin kan wal madaalu ta'uu qulqulleeffachuu qaba.
5) Waajjirri Qonnaa fi Qabeenyaa Uumamaa Gandaa dhimmoota keewwata kana jalatti tarreeffaman erga qulqulleeffateen booda xalayaa deeggarsaa gejjibsiisuu kennuufii yookiin yoo ulaagaa jedhame kan hin guutne ta'ee yoo argame ammoo sababa ibsuun iyyataaf battalumatti deebii barreeffamaan kennuufii qaba.
6) Tumaaleen Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-5 jiraatanis, qonaan bulaa yookiin horsiisee bulaa oomisha Jimaa nama biraa irraa bitee iyyata geejjibsiisuu dhiyeeffateef xalayaan deeggarsaa darbiinsa daandii kennamuufii hin qabu.
7) Qaamni kenniinsa xalayaa deeggarsaa ilaalchisee Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Gandaa irratti komii qabu komii isaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaatti dhiyeeffachuu ni danda'a.

## Kutaa Sadi

## Mirgaa fi Dirqama Hirmaattoota Sirna Gabaa Oomisha Jimaa

## 15. Hirmaattota Gabaa Oomisha Jimaa

Bu'uura Dambii kanaatiin hirmaatoonni gabaa oomisha Jimaa oomishtoota, al-ergitoota, daldaltoota, waldaalee hojii gamtaa, yuuniyeenii fi federeeshinii waldaalee hojii gamtaa fi fayyadamtootaa ta'u.

**16. Dirqama Waliigalaa**

Hirmaattotni gabaa oomisha Jimaa dirqama waliigalaa armaan gadii ni qabaatu:

1) Qaama daddabarsa bittaa fi gurgurtaa oomisha Jimaa gabaa seeraan alaa to'atu waliin qindoominaan hojjachuu; fi
2) Gochaawwan gabaa Jimaa maqaa balleessan kamirraayyuu of qusachuu fi kanneen balleessanii argaman saaxiluu.

**17. Mirga Oomishtootaa**

Oomishaan kamiiyyuu:

1) Oomisha isaa giddugala gabaa sadarkaa jalqabaa yookiin lammaffaatti dhiyeessee gurguruu, dukkaana daldalaa dhuunfaan yoo qabaate qinxaaboon fayyadamaatti gurguruu yookiin bu'uura Dambii kanaatiin kallattiin gabaa biyya alaatti erguu;
2) Oomisha isaa dhuunfaan yookiin waldaan gurmaa'ee gabaaf dhiyeessuu; fi
3) Oomisha isaa ooyiruu ofii irratti qaamolee hayyamameefitti yookiin gabaa daandii cinaa irratti fayyadamtootaatti gurgurachuu ni danda'a.

**18. Dirqama Oomishtootaa**

Oomishaan kamiiyyuu:

1) Oomisha Jimaa fedhii qulqullina bitattootni barbaadaniin oomishuuf dirqama qaba;
2) Oomishni Jimaa yammuu oomishamu keemikaalota fayyaa namaa irratti miidhaa dhaqqabsiisanii fi wantoota miidhaa geessisan fayyadamuu dhiisuu qaba;
3) Oomisha Jimaa ooyiruu ofii isaa irratti oomishe bakka Dambii kanaan hayyamameefiin alatti gurguruu hin qabu.

**19. Dirqama Al-Ergaa**

Al-ergaan oomisha Jimaa dirqama armaan gadii ni qabaata:

1) Meeshaalee safartuu fi madaallii seera qabeessa ta'ee fi bara baajataa sana keessatti qaama aangoo qabuun sakatta'amee Istiikariin itti maxxanfame qabaachuu fi sana qofaan bituu;
2) Ooyiruu oomishitoota irratti oomisha Jimaa yoo bituu barbaade Caasaa Ejensichaa naannoo sana jirutti iyyata dhiyeeffachuun yeroo hayyamamuuf oomishaa waliin kallattiin waliigaltee taasisuun gidduseentummaa qaama 3ffaa malee sanada bittaa fi gurgurtaatiin bittaa raawwachuu;
3) Oomishichi akkuma ooyiruu irra jiruun gatii waliigalaniin kaffaltii battalaa yookiin waliigaltee gurgurtaa kaffaltiin fuula duraaf kan raawwatu ta'uu ibsuun waliigaltee seera qabeessa raawwachuun oomishtoota irraa bituu;

4) Bittaa fi gurgurtaan oomisha Jimaa kaffaltii battalaa kan raawwatame yoo ta'e, baay'inaa fi gatii isaa kan ibsu kooppii sanada waliigaltee gurgurtaa yookiin waliigalteen gurgurtaa kaffaltiin fuula duraaf raawwatamu yoo ta'e ammoo waliigaltee barreeffamaan taasifame kooppii isaa Ejensichaaf yookiin caasaa Ejensihaa naannoo sanatti argamutti dhiyeessuu;
5) Oomisha Jimaa bitee ooyiruu oomishaa irraa yeroo waliigalan keessatti kaasuu;
6) Oomishicha ooyiruu oomishaa irraa yammuu walitti qabu qulqullina oomishichaatii fi biqiltuu haadhoo irratti rakkoo osoo hin dhaqqabsiisiin bakka oomishni Jimaa itti muramuu qabu abbaa oomishaa waliin waliigaluu;
7) Haala qophii oomishichaa, geejjibamuu oomishichaa, fayyummaa hawaasaa fi qulqullina naannoo irratti miidhaa akka hin dhaqqabsiisneef of-eeggannoo cimaa taasisuu;
8) Fedhii maamilaa irratti hundaa'uun oomishicha Giddugala Gabaa oomisha Jimaa naannichaan ijaarame keessatti qulqullinaan qopheessuun biyya alaatiif erguu;
9) Al-ergaan oomisha Jimaa bittaa fi gurgurtaa ooyiruu qonnaan bulaa irratti yammuu gaggeessu qonnaan bulaan abbaa qabiyyee ooyiruu sanaa fi abbaa qabeenyaa oomisha Jimaa sanaa ta'uu mirkaneeffachuu;
10) Sanada bittaa fi gurgurtaa yeroo qaamni to'atu kamiiyyuu gaafatu agarsiissuu;
11) Oomisha Jimaa yammuu geejjibsiisu waraqaa darbiinsaa, sanada bittaa fi gurgurtaa, nagahee kaffaltii tajaajila adda addaa fi hayyama hojii daldalaa harkatti qabachuu;
12) Ulfaatina sanada bittaa fi gurgurtaa irra jiruu ol iddoo tokkoo gara biraatti sochoosuu dhiisuu;
13) Giddugala gabaa tokko keessatti bakka bu'aa seera qabeessa ta'e tokkoo ol hojjachiisuu dhiisuu;
14) Daldalaa sadarkaa isaatiin walfakaatu irraa bituu yookiin itti gurguruu hin qabu.

## 20. Dirqama Daldalaa Jimlaa

Daldalaan Jimlaa oomisha Jimaa kamiiyyuu:

1) Safartuu fi madaallii hammayyaa'aa seera qabeessa ta'ee fi bara baajataa sana keessatti qaama aangoo qabuun sakatta'amee Istiikariin itti maxxanfame qabaachuu fi sana qofaan bituu;
2) Ooyiruu oomishtootaa irratti oomisha Jimaa bituu yoo barbaade Caasaa Ejensichaa naannoo sana jirutti iyyata dhiyeeffachuun yeroo hayyamamuuf oomishaa waliin kallattiin waliigaltee taasisuun gidduseentummaa qaama 3<sup>ffaa</sup> malee sanada bittaa fi gurgurtaatiin bittaa raawwachuu;

3) Oomishichi akkuma ooyiruu irra jiruun gatii waliigalaniin gurgurtaa kaffaltii battalaa yookiin waliigaltee kaffaltiin fuula duratti raawwatamu taasifameefi qaama aangoo qabuun mirkanaa'ee galmaa'e qofaan bituu;
4) Bittaa fi gurgurtaan oomisha Jimaa battalaa kan raawwatame yoo ta'e, baay'inaa fi gatii isaa kan ibsu kooppii sanada waliigaltee gurgurtaa yookiin waliigalteen gurgurtaa kafaltiin fuula duraaf raawwatamu yoo ta'e immoo waliigaltee barreeffamaan taasifame kooppii isaa Ejensichaaf yookiin caasaa Ejensihaa naannoo sanatti argamutti dhiyeessuu;
5) Oomisha Jimaa bitee ooyiruu oomishaa irraa yeroo waliigalan keessatti kaasuu fi giddugala bittaa fi gurgurtaa jimaatti dhiyeessuu;
6) Oomishicha ooyiruu oomishaa irraa yammuu walitti qabu qulqullina oomishichaa fi biqiltuu haadhoo irratti rakkoo osoo hin dhaqqabsiisine bakka oomishni Jimaa itti muramuu qabu abbaa oomishaa waliin waliigaluu;
7) Haala qophii oomishichaa, geejjibamuu oomishichaa, fayyummaa hawaasaa fi qulqullina naannoo irratti miidhaa akka hin dhaaqabsiisneef ofeeggannoo cimaa taasisuu;
8) Fedhii maamilaa irratti hundaa'uun oomishicha qulqullinaan giddugala bittaa fi gurgurtaa Jimaa keessatti daldaltoota hayyama hojii daldala qinxaaboo jimaa qaban qofatti gurguruu;
9) Daldalaan jimlaa oomisha jimaa bittaa fi gurgurtaa ooyiruu qonnaan bulaa irratti yammuu gaggeessu qonnaan bulaan abbaa qabiyyee ooyiruu sanaa fi abbaa qabeenyaa oomisha jimaa sanaa ta'uu mirkaneeffachuu;
10) Yammuu qaamni to'atu kamiiyyuu gaafatu sanada bittaa fi gurgurtaa agarsiisuu;
11) Yammuu geejjibsiisu waraqaa darbiinsaa, sanada bittaa fi gurgurtaa, nagahee kaffaltii tajaajila adda addaa fi hayyama hojii daldalaa harkatti qabachuu;
12) Ulfaatina sanada bittaa fi gurgurtaa irra jiruu ol iddoo tokkoo gara biraatti sochoosuu dhiisuu;
13) Giddugala gabaa tokko keessatti bakka bu'aa seera qabeessa ta'e tokkoo ol hojjachiisuu dhiisuu;
14) Daldalaa sadarkaa isaatiin walfakaatu irraa bituu yookiin itti gurguruu hin qabu.

**Kutaa Afur**

**Aangoo fi Hojii Ejensichaa**

**21.** Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Ejensichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Ijaarsa iddoowwan gabaa oomisha Jimaa sadarkaa jalqabaa fi lammaffaatiif lafa Bulchiinsaa Aanaa yookiin Magaalaa yookiin Gandaatiin kenname irratti baajata Mootummaatiin yookiin hirmaannaa ummataatiin yookiin deeggarsa dhaabbilee Miti Mootummaatiin ijaarsaa ni gaggeessaa; akka gaggeeffamuu ni taasisa;
2) Sirna ittiin bulmaataa Giddugala gabaa ni diriirsa; giddugalicha ni bulcha; akka barbaachisummaa isaattis karaa seera qabeessa ta'een bulchiinsa isaa qaama birootti dabarsee ni kenna;
3) Sirna gabaa hammayyaa'aa, saffisaa fi dorgommii haqa qabeessaan gaggeeffamu uumuun akkaataa Dambii kanaatiin ni raawwachiisa; bu'a qabeessummaa isaa ni mirkaneessa; ni deeggara; ni hordofa;
4) Qorannoo gaggeessuun Keellaa To'annaa Sirna Oomisha Gabaa Jimaa akka hundeeffamu yaada ni dhiyeessa; yeroo murtaa'u ni hundeessa; ni to'ata; ni hordofa;
5) Hirmaattonni sirna gabaa oomisha Jimaa ulaagaalee guutuu qabanii fi hordofuu qaban guuttachuu isaanii ni to'ata;
6) Bittaa fi gurgurtaan oomishni jimaa waliigaltee qaama lamaaniitiin qofa akka raawwatamu ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
7) Hirmaattota gabaa oomisha Jimaa sadarkaa adda addaa gidduutti walitti hidhamiinsi gabaa hammayyaa'aa fi itti fufiinsa qabu akka jiraatu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata;
8) Odeeffannoo gabaa wayitaawaa ta'e hirmaattota gabaa jimaa hundaaf ni kenna;
9) Waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa ni kenna; ni to'ata; ni haqa; hayyama hojii daldala Jimaa qabaachuu isaanii ni mirkaneessa;
10) Oomishni jimaa iddoo tokkoo gara iddoo biraatti yammuu geejjibamu waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa, hayyama hojii daldalaa, sanadoota bittaa fi gurgurtaa fi waraqaa darbiinsaa daandii guuttachuu isaanii ni hordofa; ni to'ata;
11) Oomishni Jimaa karaa seeraan alaatiin geejjibamee fi bittaa fi gurgurtaan irratti raawwatame mootummaan dhaalamee akka barbaachisummaa isaatti gabaa sadarkaan jirutti dhiyeessee caalbaasiin yookiin waliigalteen ni gurgura; qarshiin isaa herrega baankii cufaatti galii ni taasisa;
12) Qaamolee aangoon seeraan kennameef waliin ta'uun konkolaattota oomisha Jimaa geejjiban daandii irratti dhaabsisuun seera qabeessummaa fi ulaagaa Dambii kana keessatti taa'e guuttachuu isaanii sakatta'uun ni mirkaneessa; seeraan ala yoo ta'e tarkaanfiin seeraa akka fudhatamu ni taasisa;

13) To'attoota sirna gabaa Jimaa ni ramada; to'attoota ta'uu isaanii kan mirkaneessu waraqaa eenyummeessaa adda ta'e qopheessee ni kennaaf; hojii isaanii bu'uura seeraatiin hojjechuu isaanii ni mirkaneessa; hanqinni yoo jiraate tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

14) Al-egitootaa fi daldaltoota seera qabeessa ta'an ooyiruu oomishtootaa irratti oomisha Jimaa bituu barbaadan iyyata isaanii simatee ooyiruu irratti akka bituu danda'an ni galmeessaa; ni hayyamaaf;

15) Giddugala gabaa ijaarame hirmaattota gabaa ulaagaa guutaniif kiraan ni dabrsa; qaama rakkoo uume irraa deebisee ni fudhata; Haalli raawwii isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

16) Qulqullinaa fi nageenya iddoo gabaa qaama dhimmi ilaalu waliin ni egsiisaa; mana fincaanii, iddoo kosiin itti gatamu, sarara bishaanii fi sarara ibsaa akka guutaman ni taasisa;

17) Suphaan giddugala gabaa yeroo barbaachisu akka suphamu ni taasisa;

18) Ogeessa guyyaa guyyaan sochii giddugala gabaa oomisha Jimaa hordofuu fi to'atu ni ramada;

19) Oomishtootaaf, hirmaattotaa fi qaamolee dhimmi ilaaluuf sirna gabaa oomisha Jimaa irratti hubannoo ni uuma; leenjii ni kenna.

## 22. Aangoo fi Gahee Hojii To'ataa

1) To'ataan sirna gabaa oomisha Jimaa to'atu yeroo hojiif socho'u hunda nama lama ta'uun waraqaa eenyummaa hojii kanaaf qophaa'e qabatee socho'uu qaba.
2) Sa'aatii hojii mootummaatti to'annaa hojii ni gaggeessa.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, sa'aatii hojii mootummaatiin alatti hoogganaan mana hojiitiin to'annaa akka gaggeessu yammuu ajajamu ni to'ata.
4) Iddoowwan gabaa oomisha Jimaa fi dukkaana daldala oomisha Jimaa keessatti hojii daldala Jimaa seeraan alaa hojjetame yoo arge battalumatti tarkaanfii ni fudhata.
5) Oomisha Jimaa geejjibamu karaa irratti, ooyiruu qonnaan yookiin horsiisee bulaa keessatti osoo bittaa fi gurgurtaan irratti gaggeeffamu arge qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun to'annaa jala ni oolcha; tarkaanfii barbaachisaa battalumatti ni fudhata; yeroo sa'aatii 24:00 hin caalle keessatti hoogganaa dhiyootiif barreeffamaan gabaasa ni taasisa; tarkaanfiin bulchiinsaa to'ataan fudhatamu Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

6) Qaamolee aangoon seeraan kenaameef waliin ta'uun konkolaattota oomisha Jimaa geejjiban daandii irratti dhaabsisuun seera qabeessummaa fi ulaagaalee Dambii kanaa fi seerota biroo keessatti taa'an guuttachuu isaanii ni sakatta'a; seeraan ala yoo ta'e tarkanfii bulchiinsaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
7) Oomishni Jimaa iddoo tokkoo gara iddoo biraa yammuu geejjibamu, kanneen waraqaa ragaa gahumsaa dhiyeessuuf dirqaman, hayyama hojii daldalaa ragga'e, sanada bittaa fi gurgurtaa, nagahee kaffaltii tajaajilaa fi waraqaa dabarsa daandii guuttachuu isaanii ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii bulchiinsaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
8) Bittaa fi gurguurtaan oomisha Jimaa iddoo seeraan hayyamameen alatti akka hin raawwatamne ni hordofa; ni to'ata; tarkaanfii bulchiinsaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
9) Hirmaattonni sirna bittaa fi gurguurtaa oomisha Jimaa hundi ulaagaa Dambii kana keessa taa'e guutanii hojjachaa jiraachuu isaanii ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii bulchiinsaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa.

**23. Dirqama To'ataa**

To'ataan dirqamoota armaan gadii ni qabaata:

1) Waraqaa eenyummeessaa addaa to'ataa ta'uu isaa agarsiisu harkatti qabachuu fi qaama to'atamutti agarsiisuu;
2) Hojii isaa ittigaafatamummaa cimaa, amanamummaa fi loogii malee raawwachuu; fi
3) Dirqamoota Labsii, Dambii kanaa fi Qajeelfama bu'uura Dambii kanaatiin bahu keessatti kaahaman hojiirra oolchuu fi hojiirra oolmaa isaaniis mirkaneeffachuu qaba.

**Kutaa Shan**

**Tumaalee Adda Addaa**

**24. Gochaawwan Dhorkaman**

1) Lammiin biyya alaa hayyama investimantii osoo hin qabaatiin sirna gabaa oomisha Jimaa biyya keessaa fi alaa keessatti ofii hirmaachuu yookiin nama biroo hirmaachisuuf haala mijeessuun dhorkaadha.
2) Waldaalee hojii gamtaa, yuuniyeenii, oomishtoota Jimaa ooyiruu isaanii irraa dhiyeessaniin ala hayyama hojii daldalaa ragga'e osoo hin qabaanne sirna daldala oomisha Jimaa irratti bobba'uun hin danda'amu.
3) Giddugala bittaa fi gurgurtaa Jimaa daangeffame, dukkaana oomishaa Jimaa fi ooyiruu irratti akka bituuf hayyamameefiin alatti bittaa fi gurgurtaa raawwachuun dhorkaadha.

4) Oomisha Jimaa karaa qulqullina hin qabnee fi qulqullina oomishichaa irratti dhiibbaa geessisuu danda'uun geejjibsiisuun dhorkaadha.
5) Sanada bittaa fi gurgurtaa oomishtoota Jimaa ittiin bituuf yookiin gurguruuf qaama aangoo qabuun hayyamamee maxxanfame osoo hin qabaatiin Jimaa bakka tokkoo bakka biraatti geejjibsiisuun dhorkaadha.
6) Oomishni Jimaa yammuu geejjibsiifamu, waraqaa darbiinsaa, sanada bittaa fi gurgurtaa, nagahee kaffaltii tajaajila adda addaa fi hayyama hojii daldalaa harkatti qabachuu dhabuun dhorkaadha.
7) Oomishtoonni oomisha Jimaa Aanaa tokko irraa gara Aanaa biraatti yammuu geejjiban xalayaa deeggarsaa waajjirra qonnaa fi qabeenya uumamaa gandaa fi waraqaa abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa osoo hin qabaatiin geejjibuu hin qaban.
8) Sanada yeroo tokko ittiin geejjibame yeroo biraas irra deebiin ittiin geejjibuun dhorkaadha.
9) Oomisha Jimaa dhaabbilee barnootaa, bakka oolmaa dargaggootaa fi dhaabbilee fayyaa irraa fageenya meetira 500 gadiitti gurguruun dhorkaadha.

**25. Gocha Daldala Oomisha Jimaa Seeraan Alaa Eeruu**

Namni kamiyyuu adeemsa bittaa fi gurgurtaa oomisha Jimaa qopheessuu, yeroof kuusuu yookiin geejjibsiisuu irratti tumaalee Dambii kanaa irra darbuudhaan gochaan seeraan alaa raawwatamu isaa yoo beeke to'atatti, Ejensicha yookiin Caasaa isaa sadarkaan jirutti yookiin qaama nageenyaatiif eeruu kennuu qaba.

**26. Kaffaltii Nama Eeruu Dhiyeesseef Kaffalamu**

1) To'ataan alatti, namni eeruu kenne guyyaa fi sa'aatiin eeruu kenne ibsamee guca dhimma kanaaf qophaa'e irratti battalumatti yookiin yeroo sa'aatii 48:00 hin caalle keessatti qaama nageenyaa yookiin caasaa Ejensichaa eeruu kenneef biraatti dhiyaatee gucicharratti kan galmeessise yoo ta'e kaffaltiin eeruu kennaa kan kaffalamuuf ta'a.
2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin eeruu kennuun oomisha Jimaa gochaan seeraan alaa irratti raawwatame namni qabsiise kamiyyuu bu'uura Dambii kana Keewwata 27 (6) (b) tiin durgoon eerumsaa ni kaffalamaaf.

**27. Oomisha Jimaa Qabamee fi Sirna Komiin Itti Dhiyaatu**

1) Oomishni jimaa bu'uura Dambii kana Keewwata 21 (11) tiin dhaalame yeroo sa'aatii sadi (3:00) hin caalle keessattii giddugala gabaa oomisha Jimaatti dhiyeessuun gatii gurgurtaa guyyaa sanaatiin sanada seeraa qabeessaan gurguruudhaan qarshii oomishichi itti gurgurame hanga dhimmichi murtii

xumuraa argatutti Herrega Baankii cufaa dhimma kanaaf maqaa caasaa Ejensichaatiin baname keessatti ni kaa'ama.

2) Bu'uura Dambii kana Keewwata 28 tiin namni tarkaanfiin bulchiinsaa yookiin tarkaanfiin biroo irratti fudhatame kamiiyyuu komii yoo qabaate guyyaa hojii 5 (shan) keessatti komii isaa barreeffamaan Ejensichaaf yookiin caasaa isaa sadarkaan jirutti dhiyeeffachuu ni danda'a.
3) Ejensichi yookiin Caasaaleen isaa sadarkaan jiru komii dhiyaate guyyaa hojii 10 (kudhan) keessatti qoratee barreeffamaan murtii ni kenna.
4) Ejensichi yookiin Caasaaleen isaa tarkaanfii to'ataa kan diigu yoo ta'e, battalumatti qarshiin oomishni Jimaa itti gurgurame baasiin adda addaa irraa hir'ifamee iyyataaf akka deebi'u yookiin tarkaanfiin biroo fudhatamee ture akka ka'u ni taasifama.
5) Abbaan oomisha Jimaa murtii akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 tiin kenname kan mormu yoo ta'e, gaafa murtiin dhaqqabee kaasee guyyaa 60 (jahaatama) keessatti Mana murtii aangoo qabutti ol'iyyata dhiyeeffachuu ni danda'a.
6) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 tiin Manni murtii ol'iyyata ilaalee murtii Ejensichi kenne :
   (a) Yoo haqe, baasiin gurgurtaa oomisha Jimaa raawwachuuf bahe hir'ifamee maallaqni gurgurtaa abbaadhaaf ni deebi'a; yookiin
   (b) Yoo cimse yookiin abbaan qabeenya bu'uura Sirna Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaatiin daangaa yeroo taa'e keessatti mana murtii ol'iyyanoo ilaaluuf aangoo qabutti yoo dhiyeeffachuu baate gatiin gurgurtaa oomishichaaf bahee fi baasiin bulchiinsaa hir'ifamee onnachiiftuun:
      i) dhibbeentaan digdamii shan (% 25) qaama eeruu kenneef ni kaffalama;
      ii) dhibbeentaan digdama (% 20) qaama qabeef ni kaffalama;
      iii) dhibbeentaan digdamii shan (% 25)'n Ejensichaaf ijaarsa Dandeettii Teeknolojiitii fi Loojistiikiif guuttachuuf ni kaffalama;
      iv) Dhibbeentaan soddomni (% 30)'n Misooma naannoo oomishaaleen qonnaa seeraan ala keessatti qabameef kan oolu ta'a.
   (c) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (6)(b) jalatti kan tumame oomishni Jimaa seeraan alaa eeruu malee kan qabame yoo ta'e:
      i) dhibbeentaan kudhan (% 10) qaama qabeef dabalamee walitti dhibbeentaan soddoma (% 30) ni kaffalamaaf;
      ii) dhibbeentaan kudhan (%10) Ejensichaaf yookiin Caasaalee isaa sadarkaan jiraniif dabalamee % 35 akka argatan ni taasifama.

iii) dhibbeentaan shan (% 5) Misooma Naannootiif dabalamee walitti % 35 ni kaffalamaaf.

**28. Tarkaanfii Bulchiinsaa**

1) Lammiin biyya alaa hayyama investimantii osoo hin qabaatiin sirna gabaa oomisha Jimaa biyya keessaa fi alaa keessatti hirmaatee argame kamiiyyuu oomishni Jimaa harkatti qabame dhaalamuun akkuma eegameetti ta'ee, dabalataan adabbii qarshii 150,000.00 (kuma dhibba tokkoo fi kuma shantama) gadi hin taanee fi 200,000.00 (kuma dhibba lama) hin caalleen ni adabama.
2) Namni hayyama hojii daldalaa ragga'e osoo hin qabaatiin sirna gabaa Jimaa irratti bobba'ee argame oomisha Jimaa sana dhaaluun akkuma eegametti ta'ee, adabbii qarshii 50,000.00 (kuma shantama) hin caalleen ni adabama.
3) Namni Dambii kana Keewwata 24 (3) jalatti tumame irra darbuudhaan iddoo hayyamameen alatti bittaa fi gurgurtaa Jimaa raawwatee argame kamiiyyuu oomishni Jimaa dhaalamuun akkuma eegametti ta'ee, adabbii qarshii 30,000.00 (kuma soddomaa) tiin ni adabama.
4) Namni tumaalee Dambii kana Keewwata 24 (4 - 8) jala jiran irra darbuudhaan balleessaa raawwatee argame kamiiyyuu oomishni Jimaa dhaalamuun akkuma eegametti ta'ee, adabbii qarshii 40,000.00 (kuma afurtama) hin caalleen ni adabama.
5) Namni Dambii kana Keewwata 24 (9) irra darbuudhaan badii raawwatee argame kamiiyyuu adabbii qarshii 20,000.00 (kuma digdama) hin caalleen ni adabama.
6) Qarshiin adabbii akkaataa keewwata kanaantiin raawwatamu irraa kaazinaa mootummaatti galii ta'ee, misoomaa Naannoo bakka adabichi itti kennameef kan oolu ta'a.

**29. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiiyyuu hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif dirqama deeggarsa kennuu ni qabaata.

**30. Tumaalee Ce'umsaa**

Qaamoleen Dambiin kun bahuun dura hojii daldala Jimaa hojjachaa turan hundinuu guyyaa Dambiin kun ragga'e irraa eegalee ji'a jaha (6) keessatti teessoo bakka hojii, hayyama hojii daldalaa fi hojimaata sirna daldalaa isaanii bu'uura Dambii kanaatiin sirreeffachuu qabu.

**31. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, Qajeelfamnii fi barmaatiileen hojii Dambii kanaan walfaalleessan kamiiyyuu dhimmoota Dambii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**32. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Biirichi Ejensicha qindeessuun Dambii kana raawwachiisuuf Ejensichi Qajeelfama akka baasu taasisuu ni danda'a.

**33. Guyyaa Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun **Waxabajjii** gjyyaa **28,** bara 2013 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Shimallis Abdiisaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

**Waxabajjii** guyyaa **28,** Bara 2013
Finfinnee